Gabaasa Filannoo Kijibaa Caamsaa 24/2015 Gaggeeffame Godinaa fi Yuuniversitii Garagaraa Irraa Nu Qaqqabe

Filannoo Mootummaa Wayyaanee Har'a Caamsaa 24/2015 Ilaalchisuudhaan Akkaataa Adeemsa Filinnichaa, Farra Kijiba Filannoo Ta'uun Sochii Taasifame fi Mootummichis Filannicha Sobaan Milkeessuuf Shira Xaxe.

1. Filannoo kana milkeessuudhaaf mootummaan wayyaanee daba garagaraa qopheessaa bahe, naannoo itti milkaahee tokkollee hin qabu, filannoon silas kanuma isa filuuf qophaayeedha biyyicha keessatti kanumaanuu har'a oromiyaa keessatti filanoon gaggeeffame gara FDGtti jijjiiramee oole, mootummaan wayyaanee kana dursee waan beekuuf humni waraanaa naannoo biraa irraa kaafamee dhufee dachee oromiyaa uummata oromoo gidduu diriirfatee oole, dabaa fi shira xaxetti dabalataan humni waraanaa bobbaafamuu fi filannichuma sagalee isaa olkaasuuf waa hedduutti fayadame tokko namoota jaamaa,dadhaboo ta'an kaardii filannoo irraa fuudhee ofiin filuu, lammata baadiyaalee keessatti uummata doorsisuudhaan kaardii humnaan irraa fuudhanii of filuu fakkeenyi kanaa Harargee keessa, kan kaardii dhorkate ciree gate, dhugaadha erga isa hin fayyannee ciree gatuu qaba,kaan ammoo taajjabdoota kan ta'an walakkaa guyya buufata filannoo keessaa ariyuudhaan akka fedhanitti waan fedhan guuttachuu fakkeenyatti kan fudhatamu Qellem aanaa Anfilloo ganda Dollaa jedhamu keessatti kan raawwateedha. Sadaffaan qonnaan bulaa baadiyaa keessaa kaleessa irraa kaasuudhaan caasaan mootummaaf dhaabbatee hojjetu sun maal filatta kanniisa yoo filte tajaajila addaa mootumma irraa argatta,

misoomni ni ariifata, maatiikeetti nagaa argatta, hojiin siif kennama,…. Waa hedduu ittiin jechuun gowomsuu, naannoo sodaan jirutti doorsisuma tikaan,waraanaan kaan qabanii hidhuun sa'a muraasaaf tursiisuu irratti bobbahanii hojjetaa bahan kun akeekni filannoo jedhamu sun gara FDGtti jijjiirame diddaa ka'een godina shawaa lixaa Gindabarat keessatti dhukaasni hanga uummata irrattid huka'uu deemsisu, FDG isin hin fillu jechuudhaan fuula isaanii duratti kaardii ciranii gatuu fi mootummicha arrabsuun xiqqeessuu,dhaadannoo garagara dhageessisuu Lixa shawaa aanalee garagaraa, Qellem Anfilloo aanaalee garagaraa, Finfinnee fi Godina addaa, shawaa bahaa, wallagga lixaa fi dhaabbilee barnootaa keessatti itti filannoon mootummaan wayyaanee gara duddaatti jijjiirame miseensotni paartilee mormitootaas kan nu baasu diddaa gaggeessuudha jechuudhan keessattuu naannoo Iluu A/Booraa fi Jimmaa aanaalee adda addaa keessatti taajjabdootni dhiisanii bahuudhaan fincila kaasuun Filannoodhuma kijibaa kanayyuu itti milkaahuuf shirri mootummaas isa hin baasne uummanni ammas kan furmaata tahu FDG tahuu hubatee godinaalee adda addaa keessatti fincilli finiinaa jira. kun akkaataa adeemsa filannoo wayyaaneen itti gaggeeffatee fi shirri inni xaxes isa milkeessuu dadhabee uummata gara fincilaatti kaasuu walii galatti gabaasota bakkeewwan olii xuqaman irraa nu gahe ibsuudha.

2. Daangaaleen oromiyaa keessattuu gara dhiyaa kaleessa sa'a booda humni waraanaa dhufee buufate naannoo Qellem naannoo Gambeelaa fi daangaa oromiyaa aanaa Anfilloo jedhamu gaditti qubachiise. Humni waraanaa wayyaaneen dhufee naannoo sana qubachiise yaaddoon isaa inni guddaan WBO achirraan oromiyaa seenuu kan jedhuudha, inni biraan uummanni godina Qellem

keessatti filannoon haqaa fi diimokiraasii jedhame waan hin jirreef filannoo dhiisuu waraqootni naannoo adda addaatti halkan maxxanfame bule yaada uummataa kan ibsu, kana sodaadhaan uummatichi humna abadatu isa boodaan jira jedhamee waan shakkamuuf biyya biraa irraa humna addaa naannicha qubachiisuu gabaafama.

3. Erga qophiin filannoo mootummaa wayyaanee biyyattii keessatti faarfatamuu eegalee kaasee Qeerroon Bilisummaa dhaammta uummata isaaf dhaamaa ture Bilisummaa uummanni oromoo ni fedha garuu Filannoodhaan kunoo isuma milkaa'uu dadhabuutu argamaa jira,kanaan akka hin taane uummata oromoo hubachiisaa bahe isaa asitti dhimma filannoo kanaan wal qabatee dhaabni keenya ABO Ibsa baasee maxxansee fi caasaa dhaabaan raabsameen uummanni kaardiidhuma filannoo dogoggoraan fudhateyyu itti gaabbeera, kaardii fudhate kanumayyuu gara diddaatti jijjiiruun haala kennate kana keessatti tokko dhaabbilee barnootaa yuuniversitii Finfinnee, Adaamaa, Amboo,Madda Walaabuu, Mattuu, Jimmaa, Wallaggaa, Haromayyaa, Bulee Horaa fi Asellaa keessatti akkasuma godinaalee oromiyaa Qellem keessatti aanaa Jimmaa Horroo, Anfilloo,magaala Dambi Doolloo,Qeebbee yoo tahu Lixa shawaa Ambootti, Gindabarat,Calliyaa,Xiqur Incinnii Baakkoo,Geedoo fi Miidaqany itti fufee magaala Finfinenetti fi godina addaa kanneen akka sulultaa,salaalee, sabbataa ; shawaa kaabatti Kuyyuu,Gabra Gurraachaa fi shawaa bahaatti magaala bishooftuu, adaamaa fi magaalota garagaraa hafan kanneen akka Jimmaa, shaashimannee, Dirre Dawaa kanneen keessatti filannoon mootummaa gara fincilaatti jijjiiramee jira,uummanni durattuu kan jedhuu fi yaada kennataa ture erga filannoon

bilisa,diimokiraasi jettanii namoota filannoodhaaf dhufan daandiitti qabuun gorsuu, kana filadhu, anatu siif ta'a, yoo kana filtan kanatu siif ta'aa fi doorsisa afaan qawwee fi ihidhaa akkasuma humna waraanaa meeshaa guuttatee jiru uummata keessa sochoosuun nu doorsisuudha isa kanaaf filannoo jennee yeroo keenya hin gubnu jechuun akkasuma shira achii buufataalee filannoo garagaraa keessatti dhaleenis uummanni fincila kaasuudhaan uummanni oromoo fi barattootni oromoo farra kijiba filannoo mootummaa wayyaanee tahuudhaan FDG lafaa kaasanii jiru. Gara mooraa barnootaa yuuniversitii keessa humni seenee jira kaan ammoo naannoo isaa qubatee jira.Haala humni waraana mootummaa bira hin geenyee fi hin dandeenyeen FDG itti fufee uummanni oromoo filannoo jedhamu irra tarkaanfatee FDG finiinsuudhaan Bilisummaa isaa gonfatuun yeroo ammaa tahuu isaa Qeerroon jabeessee dhaammataa jira. Doorsisni qawween,rasaasni mannii hidhaan Bilisummaa dhiyeessuu malee fageessuu akka hin diinni oromoo hubatuu fi uummannis kana hubatee akkuma aanaa Gindabarat keessatti har'a harka isaa qofaan waraana dura dhaabbate itti fufatuun dhaamsa Qeerrooti.

Injifannoon Uummata Oromoof!

Gadaan Gadaa Bilisummaati!